

**BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEE KUTAA MAGAALAA
ADDIS KATAMAATTI QORUUMSA MODEELAA BARNOOTA
KEEMISTIRII KUTAA 8^{FEAA} KAN BARA 2012 A.L.H**

QAJEELFAMA WALIIGALAA

**KUN QORUUMSA BARNOOTA KEEMISTIRII TI. YEROO QORUUMSA KANAAF
DEEBII KENNITU IDDOO DUWWAA WARAQAA DEEBIIF QOPHAA'E IRRATTI
TA'UU QABA. YEROON QORUUMSA KANAAF KENNAME SA'AATII 1:00 QOFA.
QORUUMSI KUN GAAFFILEEWWAN 60 YOO QABAATU, TOKKOON TOKKOO
GAAFFILEE FILANNOO AFUR AFUR QABU. KANAAF ERGA FILANNICHA
HAALAN DUBBISTEE BOODA DEEBII KEE WARAQAA DEEBII IRRATTI DEEBISI.
SANA BOODA DEEBII TELEEGIRAMII IRRATTI MAXXANFAMUU WALIIN WAL
BIRA QABUUN QO'AANNA KEESSAAN ITTI FUFAA.**

1. Dameen saayinsii kan akkaataa wal tayiinsa keemikaalaa adeemsa footosiintesisii keessatti raawwatu qoratu kami?
A/ ji'oo-keemistrii B/ fiizikaal- keemistrii C/ ji'ooloojii D/baayoo-keemistrii
2. Garee maatii alkaayinootaa keessatti kan argamu kami?
A/ C_2H_6 B/ C_4H_8 C/ C_5H_8 D/ C_6H_{12}
3. Amaloota waantotaa armaan gadii keessaa kamtu amala fizikaalaa ibsa?
A/ gubachuu waraqaa B/ rukkina C/ dandaa'uu aayiranii D/ wal nyaatiinsa soodiyeemii fi kiloorinii
4. Sibiilaala ta'ee teempireechera dareetti dhangala'oo kan ta'e kami?
A/ biroom iinii B/ oksiijinii C/ meerkurii D/ kaarbonii
5. Taatee ho'iinsa giloobaalii kan hin taane kami?
A/ gaasiin oksiijinii baayyachuu B/ baqiinsa bantii poolaarii C/ jijjiirama qilleensa baramaa D/ol-ka'iinsa diriira galaanaa
6. Labooba ibidda teempireechera olaanaa qabu kan oksii-asiitiliinii jedhamu maddisiisuuf kan gargaaru kami?
A/ titiinii B/ titaayinii C/ pirooppiinii D/ deekeenii
7. Elementiin tokko haala murtaawaa fiizikaalaa keessatti faalkaa isaa osoo hin jijjiiriin bifoota adda addaan argamuun maal jedhama/
A/ ayisootooppota B/ oorota C/ suuka'ummaa D/ alootirooppii
8. Hangi sibiila tokkoo 20 kg , qabeen isaa ammo $12m^3$ yoo ta'e rukkinni isaa meeqa ta'a?
A/ $2.6kg/m^3$ B/ $3.67kg/m^3$ C/ $76kg/m^3$ D/ $1.67 kg/m^3$
9. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu moolikiyuulii kompaawundiiti?
A/ O_3 B/ NaCl C/ 5_8 D/ N_2
10. Madda faaltota bishaanii kan hin taane kami ?
A/ hambaa xaawoo gatamee B/ farra aramaa C/ dhangalawoo warshaa keessaa ba'u D/ obomboleettii
11. Hangi moolaakiyuulawaa oksiijinii (O_2) meeqa?
A. 48 B/ 16 C/ 32 D/ 8
12. Kompaawundoota atom-gos-lamee sibiilaa fi oksiijinii kan of keessaa qabu kami?
A. Oksaayidoota beezawoo B/ oksaayidoota asiidawoo
c. Okoksaayidoota sibiilawoo D/ ashaboolee
13. Bish-hoomacha ilaalchisee kan sirrii hin taane kami?

- A. Ayoonota Ca^{2+} fi Mg^{2+} of-keessaa qabu
 - B. Saamunaa waliin sirriitti hoomacha hin kennu
 - C. S aalfeetoota akka $CaSO_4$ fi $MgSO_4$ of keessaa qabu
 - D. Hunduu sirrii miti
14. Dhagaan cilee adeemsa maal jedhamuun gara boba'aa biro akka kookii, kooltarii fi gaasii dhagaa cileetti jijjiirame?
- A. Distileeshinii
 - B. Distileeshinii firaakshinaalaa
 - C. Distileeshinii tatamsa'uu
 - D. Oksiijinii keessatti gubuu
15. Beeziin tokko guutummaan yookin sadarkaa olaanaan bishaan keessatti yoo ayoonaa'e beezichi maal ta'a?
- A. Beezii cimaa
 - B. Beezii dadhabaa
 - C. Beezii cunqoo
 - D. Beezii callabbaa'aa
16. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu baayyinaan gaasii uumamaa keessatti argama ?
- A. Buteenii
 - B. Miteenii
 - C. Piroopeenii
 - D. Deekeenii
17. Malli waanta faalkaa dhangala'ootiin jiru gargaarsa ho'aatiin gara faalka gaasiitti jijjiiruuf gargaaru kami?
- A/ dhimbiibuu
 - Harkisiisuu
 - Calaluu
 - Distileeshinii salphaa
18. Ruqoolee biyyoo keessatti argaman keessaa kan dhibbentaa olaanaan biyyee keessatti argamu kami?
- A. albuudotaa fi waantota orgaanikii jajjaboo
 - B. bishaanii fi bulbula albuudotaa
 - C. oksiijinii
 - D. kaarbondaayoksaayidii
19. ooriin aluuminieemii hangafi kami?
- A. Fiildispeerii
 - B. Kiroolaayitii

- C. Boksaayitii
D. Korandamii
20. Dhibantaan qabiyyee kaarboonii itaanoolii (C_2H_6O) keessatti argamu meeqa ta'a?
A. 52.2% B/ 13% C/ 34.8 D/ 100%
21. Gareen elementoota kan sibiilot alkaanii jedhaman of keessaa qabu kami?
A. Garee VIII A
B. Garee IA
C. Garee IIA
D. Garee IVA
22. Kaalsiyeemiin 10g moolii meeqa qaba?
A. 4
B. 1
C. 0.5
D. 0.25
23. Amala naayitroojiinii kan hin taane kami?
A. Dhandhama qabeessa
B. Hallu-dhabeessa
C. Atom-lameedha
D. Fooli-dhabeessaa
24. Wal qixxaattoo keemikaalaa armaan gadii madaaluuf lakkoofsi kofishantii hayidroojiinii meeqa ta'uu qaba?
 $H_2 + N_2 \rightarrow 2NH_3$
A. 2
B. 3
C. 6
D. 4
25. Elementoota armaan gadii keessaa gommaa cimsuuf gommaa waliin kan ho'ifamu kami?
A. Saalfarii
B. Foosfarasii
C. Kaarboonii
D. Naayitroojiinii
26. Wal nyaatiinsa keemikaalaa keessatti xiyyaan gara mirgaatti waantonni barreeffaman maal jedhamu?
A. Wal nyaattoota

- B. Elementoota
 - C. Firiwwan
 - D. Wal qixxaattoota
27. Alhoomachummaa bishaanii sinsinnii ilaalchisee kan sirrii ta'e kami?
- A. Bishaanicha keessa jiraachuu ayoonota Ca^{2+} fi mg^{2+} tiin uumamu
 - B. Bishaanicha keessa jiraachuu CaHCO_3 tiin uumamu
 - C. Danfisuun dhabamsiisuun hin dandaa'amu
 - D. Bishaanicha keessa jiraachuu CaSO_4 fi MgSO_4 tiin uumamu
28. Koopparii fi siilvariin saantima tolchuuf kan gargaaru sababa maaliiti?
- A. Si'aawoo waan ta'aniif
 - B. Paaraafiinii keessa waan kaa'amaniif
 - C. Dandaa'anii waan dandamataniif
 - D. Yoo tumaman waan caccabaniif
29. Aluuminiiyeemii moolii 5 keessa hanga meeqatu jira?
- A. 135g
 - B. 140g
 - C. 65g
 - D. 27g
30. Atoomota $^{13}_6\text{X}$, $^{13}_7\text{Y}$ fi $^{14}_6\text{Z}$ keessaa kamtu ayisoottooppoota ta'uu danda'a?
- A. 'x' fi 'z'
 - B. 'x' fi 'y'
 - C. 'y' fi 'z'
 - D. 'x', 'y' fi 'z'
31. Xaa'oowwan armaan gadii keessaa xaa'oo guutuu jedhamuun kan beekamu kami?
- A. Xaa'oo uumamaa
 - B. Xaa'oo nam-tolchee
 - C. Faltii bineeldotaa
 - D. Bososaa qama biqilootaa
32. Amala asiidotaa kan hin taane kami?
- A. Dhangaggaa'uu
 - B. Gatii pH-7 gadi qabaachuu
 - C. Hadhaawuu
 - D. Bishaanitti yoo bulbulaman ayoonota H^+ gadi lakkisuu

33. Alhoomachummaa bishaanii fullaasiif qabata kan hin taane kami?
A. CaHCO_3
B. Ca^{2+} fi Mg^{2+}
C. CaSO_4
D. MgSO_4
34. Maddoota faaltoota qilleensaa armaan gadii keessaa kan nam-tolchee hin taane kami?
A. Konkolaattota
B. Buufata annisaa
C. Warshaa
D. Voolkaanoo
35. Kompaawundoota armaan gadii keessaa kan baatirii konkolaataa keessatti affyyadu kami?
A. Hayidroo kiloorik asiidii
B. Saalfarik asiid
C. Kaalsiyeem foosfeetii
D. Foosforik asiidii
36. Asiidiin farsoo ture keessatti argamu kami?
A. Aseetik asiidii
B. Laaktik asiidii
C. Siitirik asiid
D. Kaarboonik asiidii
37. Elementiin lakkoobsi hanga isaa 31 ta'eefi lakkoobsi isaa 15 ta'e lakkoobsi niwutroonii isaa meeqa ta'a/
A. 45
B. 16
C. 31
D. 15
38. Asiidummaa biyyee hirrisuuf waanti biyyootti dabalamu kami?
A. Kuwiik laayimii
B. Islaakd laayimii
C. Daaraa soodaa
D. Hunda
39. Baayyinni atoomota moolii soodiyeemii tokko keessatti argamanii meeqa?
A. 60.2×10^{23}
B. 6.02×10^{23}

C. 6.02×10^{-23}

D. 602×10^{23}

40. Faayidaa oksiijinii kan hin taane kami?

A. Gubiinsaaf

B. Mana yaalaa keessatti dhukkubsattootaaf kennama

C. Ibidda dhaamsuuf

D. Sibiilota akka aayireenii muruu fi waaldessuuf oola

41. Akka seera peeredikii ammayyaatti amaloonni elementoota irra deddeebi'inaa (peereedik faankiishinii) ----- isaaniiti?

A. Lakkoofsa hangaa

B. Lakkoofsa niwuutroonotaa

C. Lakkoofsa atoomawaa

D. Lakkoofsa vaalaansii

42. Madda foosferesii beekamaan kami?

A. Kaalsiyeem kaarboonetii

B. Kaalsiyeem foosfeetii

C. Kaalsiyeem saalfeetii

D. Pootaasiyeem foosfeetii

43. Ashaboolee armaan gadii keessaa raacita soodaa jedhamuun kan beekamu kami?

A. Na_2CO_3

B. KNO_3

C. NaHCO_3

D. NaCl

44. Dhibbantaan qabiyyee kompaawundii tokko kaarboonii 92.3%, fi hayidroojinii 7.7% qaba. Foormulaan impeerikaala isaa maal ta'a?

A. C_2H_2

B. CH

C. C_2H_3

D. C_3H_4

45. Saayintistiinyeroo jalqabaaf elementoota akkaataa tartiiba daballii lakkoobsa atoomawaa isaaniin gabatee peeredikii ammayyaa hojjete kami?

A. H. Moosilee

B. J. Daaltan

C. J. J. Toomsan

D. Meendeliiv

46. Foormii kaarboonii isa qulqulluu hin taaneefi bakka qilleensi hin jirretti tortoruu hafteewwan biqiltootaan kan uumamu kami?
- A. Gaasii uumamaa
 - B. Peetrooliyeemii
 - C. Dhagaa cilee
 - D. Zayita boba'aa
47. Amaloota gooroo sibiilotaa kan hin taane kami?
- A. Shibooffamuu
 - B. Elektirikii fi ho'a dabarsuu
 - C. Yoo tumaman caccabuu
 - D. Rukkina olaanaa qabu
48. Skanneen armaan gadii keessaa asiidi bishaan-dhabeessa kan ta'e kami/
- A. Maginiiziyeem oksaayidii
 - B. Naayitroojin day-oksaayidii
 - C. L;iiyeem oksaayidii
 - D. Soodiyeem oksaayidii
49. Kompaawundoota armaan gadii keessaa asiiddi garaachaa irra darbaa ta'e hambisuuf qoricha kennamu oomishuuf kan gargaaru kami?
- A. $Mg(OH)_2$
 - B. $Ca(OH)_2$
 - C. KOH
 - D. H_2SO_4
50. Elementoota armaan gadii keessaa kan bifa moliikiyuulaa atom-lameen argamu kami?
- A. Soodiyeemii
 - B. Pootaasiyeemii
 - C. Oksiijinii
 - D. Liidii
51. Oksiijinii fi elementii biroon yammuu wal nyaatan waanti uumamu maal jedhama?
- A. Beezii
 - B. Asiidii
 - C. Ashaboo
 - D. Oksaayidii
52. Iddo-bu'ee elementii warqii kan ta'e kami?

- A. W
- B. Au
- C. Ag
- D. Pt

53. Elementoota armaan gadii keessaa meeshaalee miidhaginaa tolchuuf irra caalaatti kan hojiirra oolu kami?

- A. Pilaatiiniyeemii
- B. Koopparii
- C. Warqii
- D. Taantaalaamii

54. Lakkoobsi vaalaansii aluuminiyeemii 3 fi kan oksiijinii immoo 2 yoo ta'e foormulaan alluuminiyeem oksaayidii maal ta'a?

- A. Al_3O_2
- B. AlO_3
- C. Al_2O_3
- D. Al_4O_6

55. Suudoowwan gita atoomawaa keessaa chaarji-dhabeessa kan ta'e kami?

- A. Elektroonii
- B. Niwutoonii
- C. Pirootiinii
- D. Niwukilaasii

56. Tiyyoorii atoomawaa daaltan keessaa kan fudhatama hin argatiin kami?

- A. Atoomiin hin qoodamu
- B. Atoomiin hin balleeffamu
- C. Wal nyaatinsa keessatti atoomiin hin balleeffamu
- D. Atoomoonni reeshoo lakkobsa xiqqaatiin wal fudhatu

57. Oorii soodiyeemii kan ta'e kami

- A. Maagineetaayitii
- B. Haalaayitii
- C. Heemattaayitii
- D. Siilvaayitii

58. Ruqoolee laaqii elektiramii kan ta'an kami?

- A. Cu fi Sn
- B. Cu fi Zn
- C. Pb fi Sn
- D. Au fi Ag

59. Kompaawundoonni yommuu bishaanitti bulbulaman ayoonota OH^- gad lakkisan maal jedhamu?
- A. Asiidota
 - B. Beezota
 - C. Oksaayidoota
 - D. Ashaboolee
60. Ruuqolee qilleensaa armaan gadii keessaa kan hamma xiqqaan qilleensa naannoo keessatti argamu kami?
- A. Naayitroojinii
 - B. Oksiijinii
 - C. Kaarbondaay oksaayidii
 - D. argoonii